# YEROO KARAA TOORA INTERNEETII AJAJANITTI FAAYIDAA GATII CALLAA

Walmart.com irraa yeroo kuduraa fi mudura ho'aa bittanitti gatiin waliigalaa hanga ulfaatina wantoota sanaa irratti hundaa'uun jijjiiramuu danda'a. Ajaja yeroo xumurtanitti, hojjettoonni mana daldalaa ulfaatina qabatamaa fi baasii dhumaa murteessuuf meeshaalee sana madaaluu qabu.

Yeroo ajajni kennamutti gatii tilmaamaa qofatu **WICShopper appilikeeshinii** irratti mul'ata. Hojjettoonni kuduraa fi muduraa erga madaalanii booda gatii ni sirreessu, kunis akka maallaqa deebiin kaffalamuutti appii keessatti ni mul'ata. Gatiin xumuraa inni sirriin aappii irratti kan mul'atu ta'a.

## FAKKEENYA:

Ajaja karaa toora irraa fudhachuuf avokaadoo, muuzii fi appilii filattan.

Fakkeenya kana irratti, hojjettoonni mana daldalaa muuzii fi appilii madaaluu qabu. Manneen daldalaa kuduraalee fi muduraalee tokko tokko kan akka avokaadoo gatii qeenxeedhaan kaffalchiisu. Gatiin isaa wal fakkaataa akka ta'uuf hojjetoonni daldalaa madaaluun isaan hin barbaachisu.

Sanduuqonni armaan gadii tilmaama baasii ajajichaa baasii dhumaa wajjin wal bira qabamee yeroo ilaalamu kan agarsiisu dha.

### TILMAAMA GATII WANTOOTA MADAALAMANII KAN YEROO KAFFALTII

- **Avokaadoo:** **$0.70**
- **Muuzii:** **$0.28**
- **Appilii:** **$0.79**

### GATII XUMURAA WANTOOTA MADAALAMANII KAN YEROO KAFFALTII

- **Avokaadoo:** **$0.70**
- **Muuzii:** **$0.20**
- **Appilii:** **$0.58**

Armaan gaditti fakkeenya **Seenaa Bittaa appii WICShopper** keessatti ajaja toora irraa kan kuduraa ykn mudura madaalaman of keessaa qabu erga xumurtanii booda.

### KAFFALTII OSOO HIN SIRRATIN DURA

**WALMART.COM**
FEB 11, 2025 2:29 PM

Fruit Vegetables Cas

$0.70 - AVOCADOS Hass
$0.28 - BANANAS Yellow includes
$0.79 - APPLES Fuji

### NYAATA SIRREEFFAMEEF MAALLAQA DEEBI'U

**WALMART.COM**
FEB 12, 2025 3:55 PM

Fruit Vegetables Cas

-$0.70 - AVOCADOS Hass
-$0.28 - BANANAS Yellow includes
-$0.79 - APPLES Fuji

### GATII XUMURAA

**WALMART.COM**
FEB 12, 2025 3:55 PM

Fruit Vegetables Cas

$0.70 - AVOCADOS Green
$0.20 - BANANAS Yellow includes
$0.58 - APPLES Fuji

**Yaadatti qabadhaa:** Manni daldalaa yeroo tokkoo oliif isin hin kaffalchiisu. Manni daldalaa gatii xumuraa Cash Value Benefit (Faayidaa Gatii Callaa) keessan irraa qofa hir'isu.

Washington State Department of HEALTH

**DOH 961-1324 CS April 2025 Oromo**
Galmee kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-841-1410 irratti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin WIC@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.